

### **Akka Hirmaataa WICtti Mirgoonni koo:**

- WIC irra galuuf seeronni jiran nama hundumaaf sanyii, bifa, biyya irraa dhufan, umurii, qaama miidhamummaa ykn saala osoo hin bu'uureffatin waluma fakkaatadha.
- Kaayyon WIC waa'ee nyaataa, harma hoosisuufi nyaata fayyaalessaa akkasumas tajaajila fayyaa ykn hawaasaa biroo ani barbaadu wajjin wal-na qunnamsiisuf odeeffannoo dhiyeessa. Tajaajilawwan kanneen keessatti hirmaachuf gammachuutu natti dhagahama.
- Jireenya fayyaalessa ta'e deeggaruuf jecha galma nyaataa lafa kaa'uf ogeeyyin fayyaa WIC anaa wajjin hojjatu.
- Isteeta biraa yoon deeme, WIC nan beeksisa, bakkan dhaqutti tajaajilli WIC koo akka itti fufuuf waraqaa jijjiirraa naaf kennu.
- Hojjataan WIC akkan WIC irra ta'uu hin dandeenye yoo natti himeefi itti walii hin galu yoo ta'e, Yaadi Koo Akka Dhagahamu nan gaafadha. Xalayaa waa'ee ulaagaa guutuu kiyyaa ergan fudhee biroo WIC naannoo kiyyaaf barreessuf ykn bilbilee gaafachuuf guyyoota 60n qaba.

### **Akka Hirmaataa WICtti itti gaafatamummaan kiyya:**

- Sagantaa WIC tokkoo ol irratti hirmaachun (isteeta keessatti ykn isteetan alatti) seeran ala waan ta'eef saganticha keessaa akkan bahu godha.
- Miseensota maatii kiyya keessa jiran kan WICtti iyyatan hundaaf WIC qorannoo fayyaa akka gaggeessu nan hayyama. Qorannoon fayyaa WIC kan of-keessatti hammatu, gaaffilee fayyaa fi nyaataa deebisuu, dheerinafi ulfaatina safaruu fi aniimiyaa qabaachufi dhiisuf qorannoo dhiigaa gochuudha. Kunis WIC faayidaa fedhii maatii kootiif deebii ta'e akka kennu gargaara.
- Beellama irratti argamuu hin danda'u yoo ta'e bakka beellamaan dhufa ykn durseen bilbilee beeksisa.
- Waanti guddaan jijjiirame yoo jiraate, fakkeenyaaf odeeffannoo qunnamtii, maqaa kiyyarratti jijjiiramni yoo jiraate, akkasumas ijoollee kunuunsa kiyya jala jiraniifi tajaajilawwan WIC fudhataa jiraniif eegumsi godhamu jijjiirame yoo ta'e, WIC nan beeksisa.
- Miseensota hojjattoota, hojjattoota man-kuusaa nyaatafi qabeenya WIC nan kabaja. Ani ykn bakka bu'oonna kiyya kamiyyuu miseensa hojjataa WIC, maamila ykn hojjataa man-kuusaa nyaataa WIC biraa dubbii hin taane itti dubbanne, sodaachisne yoo ta'e ykn miidhaa qaamaa irraan geenye yoo ta'e, fayidaalee nyaataa WIC kiyya akkan dhabu/akka dhabnu nan hubadha.
- Nyaata tarree fayidaa nyaata WIC irratti tarreeffamaniifi mirkanaa'e qofan eWIC kaardii naaf kennameen bitadha.
- Nama(oota) saganticharra jiru/jiraniif nyaata WIC qofan fayyadama. Nyaanni WIC kunneen fayyummaa nyaata nama sanaa jajjabeessuf akka kennaman akkasumas qabiyeewwan nyaataa fudhachuuf gorfaman akka fudhatu gargaaruf akka ta'e nan hubadha.
- Nyaata/formulaa ykn fayidaalee natti kennaman kamiyyuu hin daldalu, hin gurguru, hin dabarsu ykn hin jijjiiru, ykn daldaluuf, gurguruuf, dabarsuuf ykn jijjiiruf hin yaalu. Namni kan biraa nyaata/fayidaalee natti kennaman akka daldalu, gurguru, dabarsu ykn jijjiiru, ykn daldaluu, gurguruu, ykn jijjiiruu akka yaalu hin hayyamu.
- Wantoota kanneen gurguruu, daldaluu ykn dabarsee kennuu yoon barbaade, nyaata ykn foormulaa famdii WIC hin taanen bitamaniifi kan WICdhaan kennamaniin wal-fakkaataniif kanneen nyaata fudhatan hundaaf ji'a sadiif nan kaa'a. Kunis maallaqa WIC kootiin akka

hin bitamne mirkaneessuuf.

**Akka Hirmaataa WICtti kanneen armaan gadii nan hubadha:**

- Dhuma yeroo waraqaan ragaa kennamuutti irra deebin iyyachuun qaba, akkasumas sagantichaaf ulaagaa guutuf irra deebi'ee ilaalamuun qaba.
- WIC sagantaa dabalataa waan ta'eef, WIC nyaata ykn foormulaa barbaachisan hunda ji'a tokko keessatti hin dhiyeessu.
- Fayidaa nyaataa walitti aansun ji'a afuriif kennamu hin qabu yoon ta'e, saganticha keessaa nan haqama.
- (Kutaa Fayyaa fi Tajaajila Namaa, HHS) Department of Health and Human Services (HHS) odeeffannoon kiyya sagantaalee fayyaafi barnootaa adda ta'eef akka qoodamu hayyamu danda'a. Sagantaalee isaanif ulaagaa guutuu kiyya murteessuf; waa'ee sagantaalee sanaa odeeffannoo naa qooduf akkasumas adeemsa galmees salphaa gochuuf; sagantaalee isaanii keessatti duraanuu galmaa'era yoon ta'e fayyaa, barnootafi fayyummaa kiyya fooyyessuuf; fi fedhiwwan waldhaansa fayyaa kiyyaa guutamuu isaanii mirkaneessuf sagantaalen kun odeeffannoo kana fayyadamuu danda'u. Odeeffannoon kun ejansiwwan WICfi dhaabbilee mootummaatin fayidaarra oola. Kunis bulchiinsa sagantaalee isaanii nama Sagantaa WICtiif ulaagaa guutu tajaajilu keessatti. Akkaataa barbaachisummaa isaatti ykn seera federaalaa ykn naannoon mirkanaa'etti HHS odeeffannoon WIC kiyya akka qoodamu mirkaneessuu akka danda'u nan hubadha. Sagantaalee HHS kan odeeffannoon WIC kiyya qoodameef eenyu akka ta'an akkuma Imaammata WIC "Icciti Odeeffannoo Hirmaataa" keessatti ibsametti gaafachuu nan danda'a.

Mirgootafi dirqamootan saganticha jalatti qabu natti himameera. Odeeffannoon ani murtee ulaagaa guutuu kiyyaaf kenne sirriifi hanga naa galetti dhugaa akka ta'e nan mirkaneessa. Unki mirkaneessaa kun deeggarsa Federaalaa fudhachuu waliin galfamaa jira. Hojjattoonni sagantaa odeeffannoo unka kanarra jiru mirkaneessuu danda'u. Itti yaadanii jecha sobaa ykn nama dogoggorsisu kennuun ykn itti yaadanii ragaa akka hin taane kennuun, dhoksuun, ykn qabatanii taa'un adabbii ejansii Isteetaf maallaqa callaan, gatii fayidaalee nyaataa osoo hin malle naaf kenname kaffaluu qaqqabsiisuu mala, akkasumas seera Federaalaa fi kan Naannoon himannaa sivilii ykn yakkaaf na saaxiluu mala.

Maqaa Hirmaataa(ttota) WIC har'a ragaan kennameef: \_\_\_\_\_

Mallattii hirmaataa/maatii/guddisee \_\_\_\_\_ Guyyaa: \_\_\_\_\_

Akkaataa seera mirgoota sivilii Federaalaafi dambiiwwaniifi imaammatawwan mirgoora sivilii (Ministeera Qonnaa U.S., USDA) U.S. Department of Agriculture (USDA)tti, dhaabbanni kun sanyii, bifa, biyya irraa dhufan, saala, (eenyummaa saalafi fedhii koorniyaa dabalatee), qaama miidhamummaa, umurii irratti hundaa'un ykn gochaawwan mirgoota sivilii kana duraaf haaloo bahuuf loogii gochuun tasumaa hin hayyamamu.

Odeeffannoon sagantaa Ingiliffaan alatti afaanoata biroonis jiraachuu mala. Namoonni qaama miidhamoo ta'aniifi odeeffannoo sagantaa argachuuf mala qunnamtii biraa barbaadan (fkn, Bireelii, maxxansa guddaa, waraabbii sagalee, Affaan Mallattoo Ameerikaa), (202)720-2600 ((sagalee fi TTY) voice and TTY) irratti ejansii isteetaa ykn naannoo kan saganticha bulchu ykn Wiirtuu TARGET USDA qunnamuu qabu ykn (800)877-8339 irratti karaa Tajaajila Riley Federaalaa USDA qunnamuu qabu.

Komii loogii saganticha irratti banuudhaf, Komataan Unka AD-3027, Unka Komii Loogii Sagantaa USDA kan: <https://www.usda.gov/sites/default/files/documents/ad-3027.pdf>, biiroo USDA kamiyyuu, akkasumas (866)632-9992tti bilbiluun ykn xalayaa USDAtti barreessudhaan argamu guutee xumuruu qaba. Xalayichi maqaa, teessoo, lakkoofsa bilbilaa komataa kan qabaachuu qabu ta'ee waa'ee maalummaafi guyyaa itti mirgi sivilii sarbamee (Gargaaraa Barreessaa Mirgoota Siivilii, ASCR) Assistant Secretary for Civil Rights (ASCR) hubachiisuf gochaa loogii raawwatame jedhame barreeffamaan sirriitti kan ibsame ta'uu qaba. Unki AD-3027 xumurame ykn xalalayaan teessoo kanaan USADtti galuu qaba:

- (1) Poostaa: U.S. Department of Agriculture Office of the Assistant Secretary for Civil Rights  
1400 Independence Avenue, SW Washington, D.C. 20250-9410; ykn
- (2) Faaksii: (833)256-1665 or (202)690-7442; ykn
- (3) Imeelii: [program.intake@usda.gov](mailto:program.intake@usda.gov)

Inistiitiyuutun kun dhaabbata hundumaaf carraa wal-qixaa dhiyeessudha.